

Dhalootaa hanga Jahaa – Bilchinaa fi Guddina

Maaloo Gaafadhaa. Daa'imman Obsaan Hin Eegan.

Maal

Chaartiin kun warraaf kan barreeffame yoo ta'u, namni ijoollee xixiqqoo beeku ykn waliin hojjetu kamiyyuu barbaachisaa ta'ee ni arga.

Maaliif

Chaartiin piriiskiriinii kun karaa qaroo, dhageettii fi guddina daa'ima tokkoo keessatti bakka rakkoon uumamuu danda'u adda baasuuf isin gargaarudha. Chaartichi daa'ima guutummaatti akka hubattan isin gargaara. Guddina daa'ima gama yaaduu, dandeettii hawaasummaa, dhaggeeffachuu, haasa'uu fi sochiilee garagaraa ni hubattu. Sochiileen gartokkeen (kanneen akka qubaa) maashaalee xixiqqoo fayyadamu, kaan immoo (kanneen akka miilaa) maashaalee gurguddofayyadamu. Daa'imman sadarkaa umurii garaagaraa keessatti argaman maraaf dandeettii qaroo fi dhageettii isaanii ilaaluun barbaachisaadha.

BARBAACHISAA! Chaartiin kun karaa saffisaa qaroo, dhageettii fi guddina daa'ima keessanii hordofuuf isin gargaaru yoo ta'u, akka qormaata guddinaa, ykn madaaluuf kan yaadame miti.



Akkamitti

Kutaan umurii gochaalee ijoolleen baay'een isaanii yeroo ta'e umurii jalqabaa fi umurii lammaffaa gidduutti hojjechuu danda'an kutaa sana keessatti tarreessa. Fakkeenyaaf, ji'a 12 tti ijoolleen baay'een isaanii kutaa ji'a 6 hanga 12 keessatti gochaalee tarreeffaman hunda hojjechuu ni danda'u. Haa ta'u malee, ijoolleen baay'een isaanii ji'a 6 tti hojiiwwan kana hunda hojjechuu hin danda'an. Kutaalee umurii kanneen biroo irrattis akkasuma. Kanaafuu, daa'imni sadarkaa umurii jalqabaa irratti argamu tokko sochiwwan hunda hojjechuu yoo dadhabe garmalee hin yaadda'inaa. Ijoolleen saffisa adda addaatiin waan guddataniif, daa'imni tokko hojii tokko irratti duubatti kan hafe waan fakkaatuuf qofa hin rifatinaa.

Gochaalee umurii daa'ima jalatti fi qaroo fi dhageettii jalatti tarreeffaman dubbisaa. Yeroo daa'imni taphatu ilaalaa, dhaggeeffadhaa. Mucaan sun sochiwwan kana hojjechuu danda'aa? Mucaan yeroo, bakka fi meeshaalee gochoota kanneeniif isa barbaachisan qabaachuu qaba. Fakkeenyaaf, daa'imaaf waraqa fi qalama ykn maarkarii yoo hin kennineef, mucaan fuula kaasuu hin danda'u hin jedhinaa.

Guyyoota hedduudhaaf daa'ima tokko ilaalu fi dhaggeeffachuu barbaaddu ta'a, yaadannoo chaartii yaaddoo isin muudatu kamiyyuu hubachuudhaan fayyadamuu dandeessu. Daa'imni sadarkaa umurii ol'aanaa kutaa tokkoo hojiiwwan hunda hojjechuu yoo dadhabe, maatiin ilaalcha isaanii ogeessa guddina daa'ima sirriitti ilaalu danda'uuf qooduu danda'u.

Yoom

Mucaan yeroo taphatu ilaalaa dhaggeeffadhaa. Yeroo baayyee amalli mucaa sanaa maal akka fakkaatu hordofaa jirtu. **Yeroo daa'imni dhukkubsatu, dadhabe ykn aaruu chaartii kana hin fayyadaminaa.**

Maaltu Itti Aana

Yoo waa'ee guddina daa'ima irratti yaaddoo qabaattan, lakkoofsa Help Me Grow Washington (Akan Guddadhuuf Na Gargaaraa) kan maxxansa kana gama biraa irratti tarreeffame Family Resources Coordinator (Qindeessaa Leecalloo Maatii, FRC) naannoo keessaniif bilbiluu dandeessu. Akkasumas, hakiimni daa'ima, kutaan fayyaa ykn kutaan mana barumsaa maatii gargaaruu danda'a. Dhaabbata dhiyoo jiru kan guddina, qaroo fi/ykn dhageettii daa'ima guutummaatti sakatta'uu danda'u ni argattu.



Qaroo

Daa'imni keessan...

- Quunnamtii ijaa ni uumaa/tii (ija keessan keessa ni ilaalaa/tii)
- Ija isaanii wantoota socho'an ni hordofuu.
- Irra deddeebiin utuu meeshaaleetti hin bu'iin ni deemaa/tii yookaan daa'ima/tii.
- Ija lamaan fayyadamuun namoota yookaan wantoota ni ilaalaa/tii.
- Wantoota fageenya sirrii irratti nii qabaa/dii (umrii ji'a 6 booda)
- Walitti fufiinsa gaaddisa keessa yookaan naannoowwan adda fakkaatan (minxaafii, taayilii) irra nii deemaa/tii yookaan daa'ima(tii)
- Utuu ija hin qaxxaamursiin yookaan ija tokko hin dunuunfatiin gara namootaa yookaan wantoota ni ilaalaa/tii (umrii ji'a 9 booda)
- Ija qulqulluu ta'e, kan halluu diimaa yookaan bishaanawaa hin taane qabaa/dii

Dhageettii

Daa'imni keessan...

- Hubannoo Sagalee mana keessaa (kan bilbilaa, balballi rukutamu, televiiziyoonaa) yaadaan ni qabaa/dii
- Sagalee baayyee ol kahaa hin taane yookaan baayyee gad bu'aa hin taane ni fayyadama/tii
- Meeshaalee taphaa sagalee dhageessisan (raatili, beelii)'n nii taphataa/tii
- Sagaleewwan ni fakkeessaa/itii (umrii waggaa 1 booda)
- Jechoota ("s" yookaan "ing") 'n dhuman muraasaan ni fayyadama/tii waggaa lama booda
- Qajeelfamoota jechaa ni hordofaa/tii.
- Televiiziyoonaa yookaan raadiyoo irratti sagalee giddugeessa tahe ni qabaataa/tii
- Rakkina malee seenessa, waraabbiwwan, yookaan televiiziyoonaa ni dhaggeeffataa/tii
- Akka namoonni baay'een hubachuu danda'initti ni dubbataa/tii (yoo umrii waggaa 2-1/2 ol tahe/te) Yeroo kutaa biraa irraa waamamu/tu gara keessan ni dhufaa/tii (waggaa 2 booda)



Dhalootaa hanga Jahaa – Bilchina fi Guddina

Maaloo Gaafadhaa. Daa'imman Obsaan Hin Eegan.



Washington State Department of CHILDREN, YOUTH & FAMILIES

Maatiif:

Akka Maatiitti Isin Jireenya Daa'ima Keessanii Keessatti Nama Baayyee Barbaachisaadha. Isin daa'ima keessan sirriitti beektu. Yoo waa'ee guddina daa'ima keessanii yaaddoo qabaattan, madaallii gaafachuu dandeessu. Gaaffii ykn yaaddoo qabdu yoo ta'e nuuf bilbilaa. Maqaa Family Resources Coordinator (Qindeessaa Leecaloo Maatii, FRC) naannoo keessanii argachuuf Help Me Grow (Akkan Guddadhuuf Na Gargaaraa) Washington'f bilbilaa.

Dhiyeessitootaaf:

Ijoolleen karaalee adda addaatiin guddatu. Maatii wajjin waa'ee guddina daa'ima isaanii yeroo hunda haasa'uuf yaalaa. Mucaan isaanii ogummaa haaraa akkamii akka barate/tte, yaaddoo maalii akka qaban gaafadhaatii ilaalcha mataa keessanii nuuf qoodaa. Maatiin yoo yaaddoo qabaatan lakkoofsa Help Me Grow Washington irratti bilbiluun odeeffannoo dabalataa fi gargaarsa akka argachuu danda'an hubachiisaa. Maatii gara Family Resources Coordinator (Qindeessaa Leecaloo Maatii, FRC) naannoo isaanii jirutti ni ergu. Akkasumas maqaa fi lakkoofsa bilbilaa FRC argachuuf Help Me Grow (Akkan Guddadhuuf Na Gargaaraa) Washington bilbiltanii odeeffannoo kana kallattiin maatiif qooduu dandeessu.

DCYF loogii hin godhu, sagantaalee fi tajaajila isaa namoota hundaaf sanyii, halluu, saala, amantii, amantaa, haala gaa'elaa, madda sabaa, fedhii saalaa, umurii, haala durii, ykn argama qaamaa, miiraa kamiyyuu, ykn hir'ina sammuu osoo hin ilaalin walqixxa akka argatan ni kenna.

Maxxansa kanaa bifa ykn afaan biraatiin kooppii bilisaa yoo barbaaddan, DCYF Constituent Relations(Hariiroo Bulchiinsa Mootummaa DCYF) karaa 1-800-723-4831 ykn iimeeliin qunnamaa communications@dcyf.wa.gov. DCYF PUBLICATION FS_0030 | DEL TI-002 OM (07-2023) Oromo

Dhaloota - Ji'a 3 Mucaan keessan...

- Yeroo garaan ciisan mataa fi qoma isaanii ol qabuu
- Harkaa fi miila isaanii salphaatti ni sochoosuu
- Mataa isaanii garasii garanitti naannessuun sochii keessan ni hordofuu
- Salphaatti burcuqqoo yookaan harma qabachuun sirriitti ni hodhuu
- Naasuun yookaan sagalee dingataa guddaan ni boo'uu
- Gara keessan ilaaluu, fuula keessan ilaaluu
- Sagalee akka bishaan laagaa keessa naannessuu ykn taphaa ni dhageessisuu.
- Kolfa ykn haasaa kolfaan ni deebisuu
- Yeroo sossobaman salphaatti ni callisuu

Ji'a 3 - Ji'a 6 Mucaan keessan...

- Yeroo dugdaan ciisan miilaan ni taphatuu
- Yeroo garaan ciisan mataa fi qoma isaanii ulfaatina isaanii harkaan ol ni kaasuu
- Mataa isaanii ol qabachuun deggarsa malee ni turuu
- Garaa gara dugdaatti akkasumas dugdaa gara garaatti ni garagaluu
- Harka isaanii walitti bubuusuun ittiin ni taphatuu
- Meeshaa ittiin taphatan fudhachuuf ni hixatuu
- Meeshaa ittiin taphatan kan naannoo isaanii jiru ni fuudhuu
- Mataa isaanii gara sagaleetti ni naanneessuu
- Sagaleewwan garagaraa ni dhageessisuu
- Guddisanii ni kolfoo
- Jaalalaa fi jibba agarsiisuu ni yaaluu

Ji'a 6 - Ji'a 12 Mucaan keessan...

- Gargaarsa muraasaan dhaabbachuuf of harkisuu
- Yeroo meeshaa isaaniiin taphatan gargaarsa malee ni taa'uu
- Wantoota harka tokkorraa kan biraatti ni dabarsuu
- Nyaata qubaa of ni nyaachisuu
- Nagaatti jechuu (bye- bye) harka raasuun ni akkeessuu
- Fedhiwwan isaanii sochii fi sagaleedhaan akka isin beektan ni godhuu
- Sagalee haasaa ("ba-ba", "ga-ga") ni qabatuu
- Yeroo nama gaheeyyii wajjin taphatan dabaree (gochaa, sagalaa, yookaan agarsiisa fuulaa) nii fudhatuu
- Gaaffii muraasa akka hubatan isin beeksisuu ("Dabalata ni barbaadduu?")
- Maatiwwan isaanii nama alaa irra adda ni baasuu

Ji'a 12 - Ji'a 18 Mucaan keessan...

- Kophaa ni deemuu
- Wantoota xixiqqoo (hamma zabiibii) lafaa ni fuudhuu
- Wantoota kuusaalee keessa ni buusu akkasumas keessaa ni dhangalaasuu
- Meeshaa isa tokko isa kaan irra ni kaa'uu
- Fallaanaa of sooruu/ni nyaatuu
- "Mama" yookaan "Dada" tti dabalataan jechoota garagaraa lama yookaan sadii ni jedhuu
- Jechootatti fayyadamuun wantoota ni gaafatuu
- Burcuqqoo qabachuun waa keessaa muraasa dhangalaasuun ni dhuguu
- Yeroo maqaan waamamu wantoota yookaan fakkiilee muraasa ni tuquu/ agarsiisuu

Ji'a 18 - Waggaa 2 Mucaan keessan...

- Yoo harka qabaman gulantaa gamoo (stairs) irra ol deemanii gad deebi'uu
- Callisanii ni sararuu (barreessuu)
- Muuziqaa duukaa qaama isaanii nii sochoosuu
- Jechoota lama walitti ni fayyadamuu ("cuunfaa (juice) dabalataa")
- Gaaffii gaafachuu ni jalqabuu, ("cuunfaa?", "nagaattii (bye - bye?)")
- Saandiwichii ni nyaatu, ni cuffatuu
- Kaalsii fi kophee ni baafatuu
- Nama gaheessa wajjin suuran kitaaba seenessaa ni ilaaluu
- Meeshaalee ittiin taphatan keessaa (kan walitti gaggaltuu yookaan konkolaataawwan) keessaan ni filatuu
- Tapha daa'ima kan biraa ni qabatuu (biyyee hammaaruu, kubbaa darbachuu)

Waggaa 2 - 3 Mucaan keessan...

- Sirriitti deemuu, fiiguu, dhaabachuu, ol kahuu fi gadi jechuu (quphanuu)
- Wantoota 3 yookaan isaan ol walirra kaa'uu
- Ofii isaanii guutumaatti fallaanaa fi burcuqqoo ni fayyadamuu
- Ajaja sadarkaa lamaa ni hordofuu ("Kitaaba fuudhii minjaala irra kaa'ii")
- Kutaa qaamaa isaanii shanii hangaa ja'aa ni waamuu
- Haasa'aa salphaatti ni hirmaatuu
- Gaaffiiwwan sasalphiaa "maal" fi "maal godhu" ("Laaqanaaf maal barbaadda?") ni deebisuu
- Akkaataan itti fayyadamaa ("Maaliin dhugda?") yeroo itti himamu wantoota ni agarsiisu yookaan ni waamu
- Hojiilee sasalphaan ni gargaaruu (meeshaalee ittiin taphatan funaanuu)
- Idileen himoota jecha 2-3 qaban ni fayyadamuu

Waggaa 3 - 4 Mucaan keessan...

- Madaala gaariin utaaluu, darbachuu, yaabbachuu.
- Maarkarii fayyadamuun geengoo, sarara fi fannoo kaasuu
- Tapha fakkeessuuf meeshaalee taphaa fi meeshaalee biroo fayyadamuu
- Kitaabota suuraa fi dubbifamuutti gammaduu
- Jechoota bakka wantootni jiran (duuba, jala, keessa, irra) himan hubachuu.
- Dubbii salphaatti hubatamutti fayyadamuu
- Gaaffii "maaliif" fi "maal" jedhu baay'ee gaafachuu
- Ijoollee biroo wajjin taphachuutti gammaduu
- Yeroo tokko tokko dabaree isaanii eeguu
- Gaaffiiwwan sasalphoo "eessatti" fi "eenyu" jedhan deebisuu

Waggaa 4 - 5 Mucaan keessan...

- Shubbisuu ykn taphoota biroo maashaalee gurguddoo (kanneen akka miila) fayyadaman taphachuu.
- Miila tokkoon dhaabachuu
- Fakkii fuulaa fuula fakkaatu kaasuu
- Gargaarsa xiqqoon uffata uffachuu
- "Maal, eessa, eenyu fi maaliif" fayyadamuun gaaffii gaafachuu
- Sagaleewwan dubbii irra caalaan isaanii "s, z, th, fi r" irraa kan hafe ifatti dubbachuu
- Jechoota guddinaa fi lakkoofsa agarsiisan (kanneen akka guddaa, baay'ee) fayyadamuu
- Maqaa isaanii guutuu himachuu
- Ijoollee umuriin isaanii wal fakkaatu waliin taphachuutti gammaduu

Waggaa 5 - 6 Mucaan keessan...

- Kubbaa qabuu, darbachuu, rukutuutti gammaduu
- Yeroo taphoota maashaa gurguddoo (taagii, taambiliingii, kubbaa kaachoo) taphatan madaallii gaarii qabaachuu
- Micireedhaan muruutti gammaduu
- Uffata qulfii cufuu, ziihisuu dabalatee ofiin uffachuu
- Jechoota barreessuu irratti fedhii agarsiisuu
- Akkuma maatiin haasa'utti haasa'uu (jechootaa fi hima gosa walfakkaataa fayyadamuu)
- Tariiba kennameen qajeelfama tarkaanfii sadii hordofuu ("Kubbaa sana fudhadhu, saanduqa meeshaa taphaa keessa kaa'i, gara minjaalaattis koottu.")
- Maqaa isaanii guutuu, umurii isaanii fi saala isaanii himachuu
- Taphoota qindaa'aa ijoollee biroo waliin taphachuutti gammaduu (Simon says, taagii)

Quunnamtii:

Sagantaa Washington Department of Children, Youth & Families
Early Support for Infants and Toddlers (Kutaa Daa'immanii, Dargaggootaa fi Maatii Washington Deeggarsa Jalqabaa Fiinaa fi Daa'immanii)

PO Box 40970
Olympia, Washington
98504-0970

esit@dcyf.wa.gov

www.dcyf.wa.gov/services/child-development-supports/esit

Help Me Grow Washington
Bilbila: 1-800-322-2588